Dambii Lakk. 174 /2008

**Dambii Sirna Kenniinsa Tajaajila Qoricha Dhaabbilee Fayyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe**

Sirna tajaajilli qorichaa nageenyummaan, qulqullinnii fi dandeettiin fayyisuu isaa eegame ittiin mirkanaa'u diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Sirna qorichaaleen bu'uuraa galii madaalawaa, akkasumas haala iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabuun hawaasaaf itti dhiyaatu diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Daddabarsa seeraan alaa, qisaasamaa fi harcaatii qorichaa ittisuun sirna odiitii kenniinsa tajaajila qorichaa mijataa uumuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa labsii lakk.163/2003 keewwata 65 (2) tiin dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigala

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Sirna Kenniinsa Tajaajila Qorichaa Dhaabbilee Fayyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakk. 174/2008"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

   1) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Eegumsa Fayyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi caasaalee isaa sadarkaa sadarkaan jiran jechuudha.
   2) **"Dhaabbata Fayyaa"** jechuun dhaabbata fayyaa mootummaa tajaajila fayyaa hawaasaaf kennu kan Biiroo Eegumsa Fayyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jalatti bulu jechuudha.
   3) **"Tajaajila Fayyaa"** jechuun fayyaa namaa eeguuf, dhukkuba ittisuuf, qorachuuf, yaaluuf, gorsuuf, tajaajila kennamu jechuudha.
   4) **"Tajaajila Qorichaa"** jechuun dhaabbilee fayyaa keessatti ogeessa ragaa galmee ogummaa fi hayyama hojii qorichaa qabuun sochii hojii guyyaa guyyaan raawwatamu ta'ee; dhiyeessii, kuufama, raabsa, qopheessuu, gurgurtaa fi hiruu, tajaajila gorsaa, qabiinsa sanadaa, tajaajila odeeffannoo fi hojiiwwan walfakkaataa kan biroo ni dabalata.
   5) **"Qoricha"** jechuun dhukkuba namaa qorachuuf, yaaluuf, fooyyessuuf yookiin ittisuuf kan gargaaran wantoota walmakan kamiyyuu yoo ta'an, qorichoota naarkotikii fi saaykootroopikii, keemikaalota piriikarsarii, qorichoota aadaa yookiin qorichoota filannoo, summiiwwan, dhiigaa fi bu'aawwan dhiigaa, talaalliwwan, qorichoota raadiyeeshinii maddisiisan, kosmootikoota, meeshaalee qulqullinaa fi meeshaalee yaalaa ni dabalata.

6) **“Meeshaa Yaalaa”** jechuun dhibee namaa qorachuuf yookiin yaaluuf qaama keessaa yookiin alaa irratti faayidaa irra kan oolu meeshaa yaalaa kamiyyuu yoo ta’u; meeshaalee qorannoowwan adda addaa, kan laboraatorii, baqaqsanii suphuu, meeshaalee yaalaa ilkaaniitiif oolanii fi kirrii madaa ittiin hodhan, siriinjii, lilmoo, faashaa, goozii, jirbii fi qophiiwwan walfakkaataa, ilkaan nam-tolchee, keemikaalota, fiilmota raadiyeeshinii fi meeshaalee walfakkaataan kan biroo ni dabalata.
7) **“Waraqaa Ajaja Qorichaa”**jechuun ogeessa hayyama hojii yaalaa qabuun barreeffamee yaalamaaf kan kennamu waraqaa ajajni qorichaa ittiin kennamu jechuudha.
8) **“Gatii Bittaa”** jechuun dhiyeessitoota yookiin arjoomtota qorichaatiin gatii qorichaa sanada irratti ibsame jechuu yoo ta’u, qorichaalee gargaarsaan dhufanii fi gatiin isaanii sanada irratti hin ibsamin gatii ogeessota dhaabbatichaatiin tilmaame jechuudha.
9) **“Gatii Gurgurtaa Baaqqee”** jechuun gatii qoricha baaqqeedhaan yookiin saamsame tokkoon bitamu irratti 25% bu’aa hin caalle irratti dabaluudhaan dhaabbatni fayyaa kan ittiin gurguru jechuudha.
10) **“Gatii Qexoo”** jechuun gatii qorichaa baaqqee irraa ka’uudhaan kan shallagamu yoo ta’u, gatii qorichichaa isa dhumaa xiqqaa dhaabbanni fayyaa fayyadamtootaaf gurgurtaadhaan ittiin dabarsu jechuudha.
11) **“Daddabarsa Yookiin Naanneessa Qorichaa”** jechuun qoricha hayyamame ogeessa hayyama qabuun dhiyeessaa seera qabeessa ta’e irraa sadarkaa ogummaan hayyamuun, qabiinsa nagummaan isaa eeggameen, adeemsa dhiyeessa seera qabeessa eeggatee dhaabbilee fayyaatti galchuu, kutaalee adda addaatti dabarsuu yookiin yaalamtootaaf haala seera qabeessa ta’een kennuu ta’ee, sababa yeroon dhumaa itti fayyadamni qorichichaa dhiyaachuun yookiin fedhiidhaan ol kuufamanii jiraachuu isaatiin yookiin hanqina qorichaa tasa muudateen dhaabbilee fayyaa jidduutti seera qoricha walitti daddabarsuu eeggatee qorichi tajaajila irra akka oolu hojii taasisu ni dabalata.
12) **“Qoricha Seeraan Ala Naannessuu”** jechuun qoricha gurguruuf yookiin ajajuuf nama hayyama hin qabneen yookiin iddoo seera qabeessa hin taane irraa yookiin sadarkaa ogummaa hin hayyamneen yookiin qabiinsa nageenyummaan isaa hin eeggamneen yookiin haala kamiiniyyuu faallaa seeraatiin fayyaa namaa irratti haala miidhaa qaqqabsiisuun faayidaa hin malle argachuuf gocha raawwatamu jechuudha.
13) **“Qoricha Gargaarsaa”** jechuun qoricha bajata dhabbatichaatiin hin bitamne yookiin jaarmiyaalee adda addaa irraa qoricha tolaan dhaabbatichaaf arjoomamu jechuudha.
14) **“Gurgurtaa Harkaaf Harkaa”** jechuun gatii gurgurtaa baaqqee yookiin qexootiin sirna qorichi itti fayyadamtoota kaffaltii battalumatti raawwataniif itti darbu jechuudha.

15) **“Gurgurtaa Duubee”** jechuun qorichaalee gurgurtaadhaan akka darban murtaa’an bu’uura waliigaltee duubeetiin kaffaltii raawwachuuf sirna qorichi itti fayyadamtootaaf itti darbu jechuudha.

16) **“Qoricha Kaffaltii Irraa Bilisa Ta’e”** jechuun qoricha gargaarsaan argamu yookiin bajataa dhaabbatichaan bitame ta’ee akaakuu tajaajila yaalaa mootummaan kaffaltii malee tajaajilamtootaaf bilisaan kennamu jechuudha.

17) **“Ogeessa Qorichaa”** jechuun ogeessa hayyamni hojii ogummaa qorichaa qaama dhimmi ilaaluun kennameef ta’ee; faarmaasistii, diraagistii yookiin teeknishaanii faarmaasii jechuudha.

18) **“Lakkoofsa Addaa Oomisha Qorichaa”** jechuun adeemsa oomishaa al tokkotti qorichaalee oomishaman addaan baasuuf jaarmiyaa qorichicha oomisheen lakkoofsa kennamu ta’ee, lakkoofsa saamsama irrattii fi sanada bittaa yookiin gargaarsaa irratti ifaan barreeffame jechuudha.

19) **“Lakkoofsa Addaa Keessoo Qorichaa”** jechuun sochii akaakuu qorichaa tokkoon tokkoon hordofuuf akka mijatu sadarkaa biyyoolessaatti yookiin dhaabbata fayyaatiin lakkoofsa addaa kennamu ta’ee, sochii gurgurtaa fi bittaa too’achuuf lakkoofsa addaa dhaabbanni fayyaa kennu ni dabalata.

20) **“Gatii Gurgurtaa Sirraa’e”** jechuun maallaqa gurgurtaa guyyaatiin sassaabame keessaa caalmaadhaan yookiin hir’inaan qorichaalee gurguraman qorachuun, gatii tajaajilaa osoo hin dabalamin gatii sirrii qoricha guyyaatti gurgurame qofa addaan bahee gatii argamu jechuudha.

21) **“Tajaajila Faarmaasii Kilinikaalaa”** jechuun adeemsa kenniinsa tajaajila ciibsanii fi deddeebisanii yaaluu fi sakatta’uu irratti faarmaasistoonni kallattiidhaan hirmaataa ta’uun yaalamtoonni baasii qorichaa fi fayyaa argachuu irratti caalmaatti fayyadamaa akka ta’anii fi miidhaa qorichi geessisuu danda’u irraa ittisuuf bu’aa yaalaa barbaadamu qulqullinaan argachuu akka danda’an taasisu damee tajaajila faarmaasii jechuudha.

22) **“Qoricha Faayidaa Irra Hin Oolle”** jechuun qoricha faalame, sirnaan ala kan baname, sirna qabbaneessaa (cold chain) kan hin eegne, qaama ilaallatuun faayidaa irra akka hin oollee fi qorichaalee sababa wal fakkaataa kan birootiin qabiyyeen isaa jijjiirame yookiin fayyaa namaatiif balaa kan geessisu jedhamee tajaajila irra akka hin oolle kan dhorkame jechuudha.

3. **Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti koornayaa dhiiraatiin kan ibsame koornayaa dubartii irrattis raawwatiinsa ni qabaata.

4. **Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun dhaabbilee fayyaa mootummaa naannoo Oromiyaa jalatti bulan hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

5. **Kaayyoo**

Dambichi kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) Fedhii hawaasni qoricha bu'uuraatiif qabu dandeettii bitachuu isaa giddugaleessa godhachuun haala amansiisaa fi itti fufiinsa qabuun guutuu;
2) Daddabarsaa fi kenniinsa tajaajila qorichaa iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu uumuu, akkasumas daddabarsa seeraan alaa, qisaasamaa fi harcaatii qorichaa ittisuu fi sirna odiitii kenniinsa tajaajila qorcihaa mijaa'aa uumuu;
3) Tajaajilli qorichaa nageenyummaan, qulqullinnii fi dandeettiin fayyisuu isaa eegame akka kennamu taasisuudha.

**Kutaa Lama**

**Sirna Dhiyeessii, Galii, Kuufama, Qabiinsa, Raabsaa, Gurgurtaa fi Dhabamsiisa Qorichaa**

6. **Dhiyeessii Qorichaa**

Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu:

1) Tamsa'ina dhukkuba naannoo, sadarkaa dhaabbilee fayyaa, tarreeffama qoricha biyyoolessaa fi ulaagaa biroo bu'uureffachuun gosa qoricha dhaabbatichaaf barbaachisu koree qorichaa fi yaalaa dhaabbilee fayyaa keessatti hundaa'uun adda baasuun qopheessuu qaba.
2) Gaaffiin fedhii bittaa qorichaa sababa gahaadhaan kan deeggarame, qorichaalee lubbuu namaa dandamachiisaniif dursa kennuun, bajata jiru waliin haala yeroo isaa eeggateen karoora bittaa qorichaa qopheessuun akkaataa seera bittaa mootummaatiin raawwachuu qaba.
3) Fedhii dhiyeessii qorichaa sirna qabiinsa ragaa qindaa'aa qorichaa irratti hundaa'uudhaan qaama dhimmi ilaallatuuf yeroodhaan dhiyeessuu qaba.
4) Qorichi bittaanis ta'ee gargaarsaan argamu fedhii dhaabbatichaa irratti kan hundaa'ee fi karaa seera qabeessa ta'een kan raawwatame ta'uu isaa mirkaneessuu qaba.
5) Sirni dhiyeessii qorichaa iftoominaaf itti gaafatamummaa irratti kan hundaa'ee fi qisaasama irraa bilisa ta'uu isaa mirkaneessuu qaba.
6) Bulchiinsi, dhiyeessii fi kuufamni qorichaa ogeessa qorichaatiin akka hoogganamu taasisuu qaba.

**7. Qoricha Galii Taasisuu**

Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu:

1) Qorichi bittaanis ta'ee gargaarsaan argamu kamiyyuu mana kuusaa qorichaa osoo hin galin dura gosaa fi baayyinaan, qoricha badiin irra hin gahin, yeroon tajaajilaa irra hin dabarree fi kan osoo yeroo irra hin darbin dura tajaajila irra ooluu danda'u ta'uu isaa mirkaneessuu qaba.
2) Qoricha kamiyyuu galii yammuu taasisu lakkoofsa addaa oomishaa, ibsa eenyummaa, ulfaatina, safartuu, gatii baaqqee, koodii keessaa, bara tajaajilaa fi madda bajataatiin adda bahee nagahee dhimma kanaaf Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee naannichaatiin maxxanfamuun ta'uu qaba.
3) Waraabbii nagahee galiin ittii taasifame chaappaan itti taasifamee qaama galii godheef kennamuu qaba.
4) Qorichi galii ta'u kamiyyuu gatiin isaa sanada ittiin dhufe irratti kan hin ibsamne yoo ta'e; ogeessota kutaa qorichaatiin kan tilmaamamee fi ittigaafatamaa dhaabbatichaatiin mirkanaa'ee haftuu nagahee galii waliin walqabsiifamee taa'uu qaba.
5) Bulchiinsi bittaa fi kuufamni qorichaa ogeessota qorichaan kan raawwatame akkasumas hojjataa aangoo qabuun bahii ta'uu isaa mirkaneessuu qaba.

**8. Kuufamaa fi Qabiinsa Qorichaa**

1) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu qorichi dhaabbatichaa kuusaa qorichaa sadarkaa isaa eeggatee fi kaayyoo kanaaf jedhamee qophaa'eetti sirnaan kaawwamuu isaa mirkaneessuu qaba.
2) Kuusaa fi kutaaleen qinxaaboo qorichaa addaan bahuu fi ogeessota qorichaatiin akka bulan taasifamuu qaba.
3) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu haalaa fi sadarkaa barbaachisuu fi ulaagaa oomishtoota qorichaa irratti hundaa'uun qoricha akkaataa amalaa fi madda bajata isaatiin addaan baasuudhaan iddoo, hanga ho'inaa, yeroo, ifa aduu, qulqullinaa fi haalota mijaa'aa kan biroo guutuudhaan of eeggannoon qabamuu isaa mirkaneessuu qaba.
4) Ogeessi qorichaa kamiyyuu qoricha yeroon isaa irra darbe yookiin sababa adda addaatiin tajaajila kennuu hin dandeenye kanneen tajaajila kennuu danda'an irraa adda baasee kaa'uu fi yeroo yeroodhaan qaama dhimmi ilaaluuf beeksisuu qaba.
5) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu wantoota ibidda harkisan yookiin keemikaalota biroo qoricha faaluu danda'an, akkasumas meeshaalee fi qorichaalee tajaajila yaalaa biroo irraa adda baasee kaa'uu qaba.

6) Ogeessi qorichaa kamiyyuu qoricha harka isaa jiru tartiiba yeroo tajaajila isaa irratti hundaa'uudhaan yeroon tajaajila qorichichaa osoo irra hin darbin dursee tajaajila irra oolchuu qaba.
7) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu kuufama qorichaa fi sochii isaa hordofuu fi too'achuuf kan dandeessisu biinkaardii, istook kaardii yookiin sirna ragaa hammayyaa'aa akkasumas haalawwan biroo fayyadamuu fi yeroodhaan galmaa'uu isaa hordofuu qaba.
8) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu qorichi dhaabbatichaa akka hin mancaane gochuun haala itti fufiinsa qabuun hawaasa akka qaqqabu akkasumas kuufamaa fi yeroo itti fayyadama isaa irratti hundaa'uun sadarkaa kuufamni qorichichaa irra jiru xiinxaluudhaan tajaajilli qorichaa haala itti fufiinsa qabuun hawaasaaf akka kennamu taasisuu qaba.
9) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu qoricha eegumsi addaa barbaachisuuf, kan akka qoricha naarkootiikii fi saayikootirooppiikii, summiiwwan, qoricha sirni diilalleessaa (cold chain) isaan barbaachisu yeroo yeroon hordoffii gochuu qaba.
10) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu qorichi bittaan yookiin gargaarsaan argame hir'ina oomishaa (product defect) kan qabu ta'ee yoo argame, hawaasaaf raabsamee miidhaa fayyaa akka hin qaqqabsiifne tarkaanfiin akka fudhatamu dhiyeessaa fi qaama too'atuuf beeksisuu qaba.

## 9. Raabsa Qorichaa

1) Qorichi kuusaa dhaabbata fayyaa irraa kutaalee tajaajilli adda addaa itti kennamuuf baasii godhamu haala tajaajila kutichi kennuun tarreeffama qorichaa koree qorichaa fi yaalaatiin qophaa'een ta'uu qaba.
2) Kutaaleen dhaabbata fayyaa kan tajaajiloota adda addaa kennan gaaffii qorichaa yammuu dhiyeeffatanii fi baasii taasisan unka dhimma kanaaf qophaa'e irratti odeeffannoo barbaachisu hunda guutuun ta'uu qaba.
3) Ogeessi kutaa kuusaa qorichaa dhaabbata fayyaa akkaataa sagantaa kutaalee taajaajilli itti kennamuun unka qoophaa'e irratti guutamee ittigaafatamaa kutaa faarmaasiitiin hayyamamee gaaffiin qorichaa yammuu dhiyaatuuf bu'uura ragaa dhiyaateen gatii shallaguudhaan qoricha hanga barbaachisu nagahee irratti guutuun kennuu qaba.
4) Waraabbii sanada qorichi galii fi baasii itti taasifame too'ataa kuusaa qorichaatiin, kan qorichi ittiin gaafatamee fi baasii ittiin ta'e ittigaafatamaa mana kuusaa qorichaatii fi kutaalee tajaajilli itti kennamuun sirnaan faayilii taasifamee qabamuu qaba.
5) Qorichi kamiyyuu kuusaa qorichaa keessaa baasii yeroo taasifamu akkaataa tartiiba yeroo darbiinsaa tajaajila isaanii eeggateen ta'uu qaba.

6) Qorichi kamiyyuu kuusaa qorichaa keessaa yeroo galii fi baasii taasifamu, yeroon tajaajila isaa yoo darbe yookiin miidhaan oomishaa yoo irra gahe, kuufama keessaa yoo adda bahuu fi yeroo lakkaa'amu battalumatti kaardii kuufamni ittiin hordofamu irratti galmaa'uu qaba.

## 10. Qoricha Daddabarsuun Itti Fayyadamuu

Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu bu'uura waliigaltee barreeffamaan sadarkaa ittigaafatamtoota dhaabbilee fayyaatiin taasifamuun kuufamni qorichaa hanga barbaadameen ol yoo ta'e yookiin yeroon itti fayyadamni isaa dhumuuf kan dhiyaate yoo ta'e yookiin hanqinni qorcihaa yoo jiraate sirna galii fi baasii qorichaa hordofuun dhaabbata fayyaa tokko irraa kara birootti daddabarsuun yookiin wal jijjiiruun itti fayyadamuu ni danda'a; haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

## 11. Gurgurtaa Qorichaa

Gurgurtaan harkaaf harkaa qorichaa akkaataa armaan gadiitiin raawwatamuu qaba:

1) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu qoricha itti fayyadamtootaatti gurguru gatii bittaa qorichaa irratti 25% hin caalle itti dabalee, gatii qorichaa haala ifa ta'ee mul'atuun itti fayyadamtootaaf maxxansuu qaba.
2) Qorichi kamiyyuu gatii ittiin bitametti gurguruuf haalli dirqisiisu yoo qunname koree manajimentii dhabbatichaatiin murtaa'uu qaba.
3) Gurgurtaan qorichaa harkaaf harkaa kan raawwatamu nagahee Biiroon Maallaqaa fi Misooma Diinagdee naannichaa dhimma kanaaf maxxansiisuun yookiin akka maxxanfamu hayyamuun ta'uu qaba.
4) Qorichi kamiyyuu yeroo maallaqaan gurguramu nagahee isaa gatii qexootiin waraabbii sadiin qophaa'ee, orijinaalli abbaa biteef, waraabbiin duraa sassaabaa maallaqaatiif yoo kennamu waraabbiin lammaffaan immoo sanada wajjin taa'uu qaba.
5) Ogeessi qorichaa hojii gurgurtaa kana hojjachuuf ramadame kamiyyuu waa'ee gatii qorichaa fi dhimmoota kanaan wal qabatan hunda itti fayyadamaadhaaf ibsuu qaba.
6) Ogeessi qorichaa hojii raabsaa qorichaa irratti bobba'e kamiyyuu nagahee gurgurtaa qorichaa maqaa isaatiin fudhatee haala sirrii ta'een hojiirra oolchuu qaba.
7) Ogeessi qorichaa gurgurtaa qorichaa harkaaf harkaa raawwatu kamiyyuu koodii addaa, maqaa, gatii qexoo, gatii waliigala qorichichaa fi dhimmoota biroo nagahee gurgurtaa qorichaa irratti lakkoofsaa fi jechaan barreessee mallatteessuu qaba.
8) Hojjataan herrega qorichaa ida'ama gurgurtaa guyyaa guyyaa kan hojjatu unka dhaabbata fayyaatiin dhimma kanaaf qopha'eetiin qofa ta'uu qaba.

9) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu gurgurtaa qorichaa irratti caalamaan yookiin hir'inni kan mul'ate yoo ta'e hojjataa herregaatiin addaan bahee guyyaa guyyaan gabaasa waliigalaa irratti kan ibsame ta'uu isaa hordofuu qaba.

## 12. Duubeen Yookiin Uwwisa Inshuraansitiin Qoricha Gurguruu

Gurgurtaan qorichaa duubeen yookiin uwwisa Inshuraansiitiin raawwatamu akkaataa armaan gadiitiin ta'a:

1) Dambii kana keewwata 15 keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame qoricha duubeen yookiin uwwisa inshuraansiitiin gurguramu irratti raawwatiinsa ni qabaata.
2) Qaamni kamiyyuu tajaajila gurgurtaa qorichaa duubeedhaan yookiin uwwisa inshuraansiitiin yeroo gaafatu dursee waliigaltee tajaajila duubee yookiin uwwisa inshuraansii dhaabbaticha fayyaa waliin kan qabu ta'uun isaa mirkanaa'uu qaba.
3) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu gatii qorichaa namoota daandirra jiraatan, godaantoota biyya alaa irraa deebi'an yookiin yaalamtoota sababa adda addaatiin yaalamanii qoricha bitachuu hin dandeenye haala waliigaltee jiruun qaama ilaallatuuf tartiiba tajaajila kennameef hunda dhiyeessuudhaan gatii qorichaa fudhachuu qaba.
4) Qoricha gaafatame yaalamaaf kennamuun dura ogeessi qorichaa maqaa yaalamaa, uwwisa inshuraansii yoo qabaate lakkoofsa addaa inshuraansii, lakkoofsa kaardii fi ragaa eenyummaa yaalamaa ibsu hunda mirkaneessuu qaba.
5) Ogeessi qorichaa kamiyyuu maqaa, gosa, cimina, baay'ina fi lakkoofsa koodii addaa qorichichaa akkasumas lakkoofsa kaardii yaalamaa, uwwisa inshuraansii kan qabu yoo ta'e lakkoofsa addaa isaa fi gatii qexoo fi gatii dimshaashaa galmeessuun yaalamaa yookiin yaalchisaa mallatteessisee kennuu qaba.
6) Hojjataan herrega qorichaa kamiyyuu qoricha duubeedhaan yookiin uwwisa inshuraansiitiin guyyaa guyyaan gurguramu haftee paadii nagahee irraa walitti qabee gatii baaqqee (unit price) fi gatii dimshaashaa mirkaneessuudhaan qaama waliigaltee duubee seene yookiin maqaa dhaabbata inshuraansii fayyaatiin herrega isaa nagahee waliigalaa irratti gurgurtaa duubeetiin hojjachuu qaba.
7) Qoricha duubeedhaan yookiin uwwisa inshuraansiitiin gurguramu waraqaan ajaja qorichaa ogeessa fayyaa maqaa dhaabbata waliigaltee duubee seene yookiin uwwisa inshuraansii kenneen galmaa'ee faayilii ta'uu qaba.
8) Yaalamtoota qoricha bitachuuf humna hin qabnee fi namoota mootummaan gatii yaalaa isaanii uwwisuuf irraa dhaabbata fayyaatiin maallaqni kan sassaabamu akkaataa tumaalee gurgurtaa qoricha duubeetiin ta'a.

9) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 6 jalatti tumameen dhaabbanni fayyaa ida'ama gurgurtaa qorichaa guyyaa guyyaa walitti qabuun qaama waliigaltee seene beeksisuun maallaqa sassaabuu qaba.
10) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-9tti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, gurgurtaan qorichaa uwwisa inshuraansiitiin raawwatamu seerota inshuraansii fayyaa kan biroo hordofee ta'uu qaba.

## 13. Qoricha Tolaan Kennamu

Qorichi tolaan kennamu akkaataa armaan gadiitiin kan raawwatamu ta'a:

1) Qorichi tolaan yaalamaaf akka kennamu kan gaafatamu yoo ta'e, qorichicha kennuun dura qorichichi tolaan kan kennamu ta'uu isaa erga mirkanaa'ee booda maqaan yaalamaa, lakkoofsi kaardii fi ragaan eenyummaa yaalamaa ibsu kan biroo galmee dhimma kanaaf qophaa'e irratti galmaa'uu qaba.
2) Ogeessi qorichaa kamiyyuu maqaa, gosa, cimina, baay'inaa fi lakkoofsa addaa keessaa, gatii baaqqee (unit price) fi gatii dimshaashaa qorichaa galmeessuun yaalamaa yookiin yaalchisaa mallatteessisee kennuu qaba.
3) Qoricha tolaan kennamu ilaalchisee ajajni guyyaa guyyaan kennamu ogeessa qorichaatiin tartiibaan erga galmaa'ee booda hojjataa herregaa qorichaatiif kennamuu qaba. Hojjataan herregaa qorichaas ragaa ogeessa qorichaa irraa isaaf dhiyaate gatii qexoo fi dimshaashaa mirkaneessuun gabaasa guyyaa fi ji'aa qaama dhimmi ilaallatuuf dhiyeessuu qaba.

## 14. Qoricha Faayidaa Irra Hin Oolle Dhabamsiisuu

Qorichi faayidaa irra hin oolle akkaataa armaan gadiitiin dhabamsiifamuu qaba:

1) Ogeessi qorichaa kamiyyuu qoricha harka isaa jiru yeroo yeroon too'achuun kan yeroon tajaajila isaa darbe galmeessuun ittigaafatamaa kutaa qorichaatiif gabaasuu qaba.
2) Qoricha mana kuusaa qorichaa fi kutaalee tajaajila yaalaa adda addaa keessatti argamanii fi faayidaa irra ooluu hin dandeenye hanga dhabamsiifamanitti yeroo ji'a jahaa hin caalleef akkaataa amala isaanitiin adda bahuun iddoo tokko kaa'amuu qabu.
3) Qorichi bara bajataa tokko keessatti dhabamsiifamu qoricha akka waliigalaatti dhaabbatichaaf dhiyaateen walbira qabamee hangi manca'e maallaqaan kan shallagamu ta'ee, kan gargaarsaan argamee fi bajataan bitame addaan bahee galmaa'uu qaba.
4) Akkaataan qabiinsaa fi dhabamsiisa qoricha tajaajila irra hin oolle bu'uura qajeelfama Abbaan Taayitaa Bulchiinsa fi Too'annaa Nyaataa, Qorichaa fi Kunuunsa Fayyaa Itoophiyaa tiin ta'uu qaba.

## Kutaa Sadii

## Sirna Itti Fayyadama Qorichaa fi Naamusa Ogeessa Qorichaa

### 15. Haala Qorichi Itti Ajajamu

1) Dhaabbata fayyaa kamiyyuu keessatti tajaajilli yaalaa kennamu bu'uura qajeelfama sadarkaa biyyaatti qaama dhimmi ilaaluun bahe hordofuu qaba.
2) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu waraqaa qorichi ittiin ajajamu kan maqaa isaatiin qophaa'ee fi sadarkaa isaa eeggate maxxansiifachuu qaba.
3) Qorichi kan ajajamu ogeessa fayyaa sadarkaan ogummaa isaa hayyamuun qofa ta'uu qaba. Sababni gahaan yoo jiraate malee qorichi ajajamu tarreeffama qoricha dhaabbaticha keessatti ibsaman keessaa ta'uu qaba.
4) Qorichi dhaabbata fayyaa kamiyyuu keessatti ajajamu seenaa yaalamaa, haala qoricha itti fudhachaa turee fi alarjii, sirna nyaataa fi haala hojii yaalamtichaa giddugaleessa godhatee fi bifa yaalamaa hirmaachiseen ta'uu isaa mirkanaa'uu qaba.
5) Qoricha too'annoon addaa irratti taasifamu kan akka qoricha naarkootikii fi saayikotiropiikii waraqaa qorichi ittiin ajajamuun qofa ta'uu qaba.
6) Ogeessi qoricha yaalamaaf ajaju kamiyyuu odeeffannoo waraqaa qorichi ittiin ajajamu irratti waa'ee qoricha ajajamuu odeeffannoo gahaa ta'e barreessuu qaba. Qorichi ajajamu kamiyyuu maqaa jenerikiitiin qofa ibsamuu qaba.
7) Ogeessi fayyaa kamiyyuu qoricha ajaja qorichaatiin qofa kennamuu qabu ofii isaatiif ajajachuu hin danda'u.

### 16. Haala Qorichi Yaalamaaf Itti Kennamu

Kenniinsi qorichaa akkaataa armaan gadiitiin kan raawwatamu ta'a:

1) Qorichi yaalamaaf yookiin maamilaaf kennamuun dura seera qabeessummaan waraqaa qorichi ittiin ajajamee fi odeeffannoon barbaachisaan guutamuu isaa mirkanaa'uu qaba.
2) Qabiyyeen odeeffannoo qorichi ittiin saamsamee yaalamaaf kennamu qabaachuu qabu bu'uura sadarkaa kenniinsa tajaajila fayyaa biyyoolessaa eeggatee ta'uu qaba.
3) Akkaataa qorichi yaalamaaf kenname itti fudhatamu, miidhaa inni fidu, wal-diddaa nyaataa fi qoricha biroo waliin qabu, haala itti taa'uu qabuu fi odeeffannoowwan barbaachisan kan biroo yaalamaaf ibsamuu qaba.
4) Qorichi yaalamaaf kennamu ogeessa fayyaa sadarkaan ogummaan isaa hayyamu qofaan ta'uu qaba.
5) Waraqaan qorichi ittiin ajajamu kamiyyuu bu'uura qajeelfama Abbaan Taayitaa Bulchiinsa fi Too'annaa Nyaataa, Qorichaa fi Kunuunsa Fayyaa Itoophiyaa baaseen sirnaan galmaa'ee yeroo murtaa'eef eeggamee dhabamsiifamuu qaba.

6) Kenniinsa qorichaa ilaalchisee keewwata kana keewwata xiqqaa 1-5 jalatti haala waliigalaatiin kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, dhaabbileen fayyaa kamiyyuu qoricha yaalamaaf kennamu bu'uura sadarkaa biyyoolessaatti baheen ta'uu qaba.

**17. Odeeffannoo Tajaajila Qorichaa**

1) Dhaabbata fayyaa keessatti wiirtuun odeeffannoo sadarkaa isaa eeggatee fi haala ammayyaatiin gurmaa'ee tajaajila ragaa qorichaa ogeeyyii fayyaatiif kennuu fi yaalamtootaaf haala itti fayyadama qorichaa barsiisu dhaabbachuu qaba.
2) Wiirtichi tajaajila kennu sirnaan galmeessee faayilii gochuu qaba.
3) Wiirtichi odeeffannoo miidhaawwaan itti fayyadama qorichaatiin walqabate kan eegamee fi kan hin eegamne akkasumas ciccimoo kan ta'an akkaataa qajeelfama Abbaa Taayitaa Too'annaa fi Bulchiinsa Nyaataa, Qorichaa fi Kunuunsa Fayyaa Itoophiyaa baaseen akka gabaafamu ni taasisa.
4) Wiirtichi odeeffannoo jarmoonni farra jarmootaatiin akka wal hin barre dhoowwuu fi dhaabuudhaaf ragaalee ni qindeessa; qajeelfama itti fayyadama qorichaalee farra jarmootaatiin akka qajeelfamu ni taasisaa; qo'annoowwan ni gaggeessaa; odeeffannoowwan hojiirra akka oolan ni taasisa.

**18. Tajaajila Faarmaasii Kilinikaalaa**

1) Kenniinsa tajaajila yaalaa dhaabbileen fayyaa kennan keessatti faarmaasistiin kallattiidhaan akka hirmaatan tajaajilli faarmaasii kilinikaalaa hojiirra ooluu qaba.
2) Tajaajila faarmaasii kilinikaalaa haala bu'aa qabeessa ta'een kennuun akka danda'amu ragaan yaalaa yaalamaa faarmaasistii tajaajila kana kennuuf ifaa ta'uu qaba.
3) Unki ragaan tajaajilli qorichaa yaalamaaf ittiin kennamu irratti galmaa'uu fi hordofamu farmaasistiin qophaa'ee qaama kaardii yaalamaa ta'ee hojiirra ooluu qaba.
4) Faarmaasistiin yaalamaa ciisee yaalamu ilaalchisee filannoo fi itti fayyadama qorichaa, hordoffii yaalamaaf taasifamuu fi bu'aa yaalaa irratti ogeessa fayyaatiif gorsa kennuudhaan hirmaachuu qaba.
5) Yaalamtoota ciisanii yaalaman ilaalchisee daawwannaa haala yaalamtootaa, hordoffii fi marii guyyaa guyyaan taasifamu irratti faarmaasistoonni hirmaachuu qabu.
6) Farmaasistiin ragaa yaalamaa ciisee yaalamuu haala walirraa hin cinneen qabachuun itti fayyadama qorichaa fi bu'aa yaalaa dhiyeenyatti hordoffii gochuu fi gorsa kennuufi qaba.
7) Ogeeyyii jidduu hojimaanni ragaa waliif daddabarsuu akka jiraatu gochuun tajaajilli fayyaa itti fufiinsa qabu akka jiraatu, akkasumas yaalamtoonni gara dhaabbilee biraatti yeroo ergaman yookiin yaalii isaanii xumuranii yammuu bahan qorichaan walqabatee ragaan kennamuufii qaba.

**19. Yaalamaa Yeroo Dheeraadhaaf Yaalamuuf Tajaajila Qorichaa Kennamu**

1) Faarmaasistiin ragaa yaalamaa yeroo dheeraaf deddeebi'ee yaalamuun qoricha fudhatu kan akka daranyoo sombaa, HIV/AIDS, dhukkuba sukkaaraa, dhiibbaa dhiigaa, dhukkuba onnee, kaansarii, asmii, dhukkuba sammuu fi kan biroo galmeessuun tajaajila gorsaa fi hordoffii walirraa hin cinne kennuufii qaba.
2) Yaalamaa kamiifuu dhaabbata fayyaa tokko irraa gara birootti yammuu darbu ragaa qorichaan walqabate kennamuufi qaba.
3) Unki ragaa yaalaa qoricha yaalamaa yeroo dheeraatiin walqabatan sirnaan qabachuu dandeessisu qophaa'ee hojiirra oolu qaba.
4) Leenjiin hojiirraa faarmaasistii tajaajila qorichaa yaalamaa yeroo dheeraaf yaalamu ilaalchisee kennamuufii qaba.

**20. Naamusa Kenniinsa Tajaajilaa fi itti Fayyadama Qorichaa**

Ogeessi kenna tajaajila qorichaa qajeeltoowwan naamusaa armaan gadii hordofuun hojii isaa raawwachuu qaba:

1) Kenna tajaajila qorcihaa wajjin walqabatee hojiiwwan walitti bu'iinsa faayidaa uuman yookiin uumuu danda'an hojjachuu hin qabu; dhimma kanas ittigaafatamaa dhiyootti beeksisuu qaba.
2) Bittaa qorichaa wajjin walqabatee kennaa, carraa hojii yookiin wanta gatii qabu kamiyyuu yookiin faayidaa biroo fudhachuu hin qabu.
3) Gocha malaammaltummaa raawwachuuf yaadame yookiin raawwatame kan sababa hojii isaatiin beeke, qaamolee seeraatiif beeksisuu fi qabsoo malaammaltummaa fi hojimaata badaa irratti taasifamu deeggaruu qaba.
4) Loogiin hojjachuu irraa bilisa ta'uu qaba.
5) Hojii hojjatu kamiyyuu miira tajaajiltummaatiin raawwachuu qaba.
6) Iccitii tajaajilamaa eeguu, qoricha yaalamaaf ajajame yookiin ogeessa qorichicha ajaje tajaajilamaa fuulduratti salphisuu irraa of eeguu qaba.
7) Kenniinsa tajaajilaa, raabsaa fi itti fayyadama qorichaa ilaalchisee naamusa ogummichi barbaadu kamiyyuu kabajuu qaba.

**Kutaa Afur**

**Sirna Qorichi Itti Lakkaa'amu, Odiitii fi Gabaasni Itti Taasifamu**

**21. Lakkaawwii Qorichaa**

1) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu qoricha kutaa raabsaa fi mana kuusaa qorichaa keessatti argamu sagantaa dhaabbatichi baasuun yoo xiqqaate waggaatti si'a tokko lakkaawwii qorichaa gaggeessuu qaba.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, dhaabbanni fayyaa kamiyyuu akkaataa barbaachisummaa isaatti kurmaanatti si'a tokko yookiin lakkaawwii qorichaa kan tasaa gaggeessuu ni danda'a.
3) Bu'aan lakkoofsa qorichaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa1 fi 2tiin taasifame lakkoofsa too'annaa galmeewwan qorichaa, biinkaardii, istook kaardii fi sooftikooppii akkasumas gabaasa herregaa waliin ilaalamee ittigaafatamaa dhaabbatichaatiif gabaasa taasifamuu qaba.

## 22. Odiitii Taasisuu

1) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu raawwii kenniinsa tajaajila qorichaa waliigalaa kan sadarkaa isaa eeggate mirkaneessuuf qindoomina koree qulqullina fayyaa fi koree qorichaa fi yaalaa waliin ta'uun yoo xiqqaate waggaatti si'a lama odiitii taasisuu qaba.
2) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu daddabarsa qorichaa dhaabbaticha keessatti taasifamuu fi haala waliigalaa kenniinsa tajaajila qorichaa ilaalchisee yoo xiqqaate waggaatti si'a tokko odiitara keessaa yookiin alaatiin odiitii taasisuu qaba.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee; akkaataa barbaachisummaa isaatti dhaabbanni fayyaa kamiyyuu yeroo kamiiniyyuu haala itti fayyadama qorichaa fi bajata qorichaaf ramadamu odiitii taasisuu ni danda'a.

## 23. Akkaataa Gabaasni Herregaa fi Tajaajila Qorichaa Itti Dhiyaatu

Gabaasni herregaa fi tajaajila qorichaa akkaataa armaan gadiitti dhiyaata:

1) Qorichi yaalamaaf raabasamu kamiyyuu gurgurtaa duubee fi tolaan kenname dabalatee akkaataa kenniinsa isaatiin galmaa'ee unka waliigala herrega guyyaa Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdeetiin qophaa'uun gabaafamuu qaba.
2) Ogeessi herrega qorichaa kamiyyuu ida'ama gatii qorichaa ji'a darbe irraa as ce'ee fi gatii qoricha ji'a sana keessatti galii ta'e ida'uun, ida'ama gatii qorichaa ji'icha keessatti gurguramee fi qoricha faayidaarra hin oolle adda baasuun gatii qoricha hafee ittigaafatamaa dhaabbata fayyaatiif gabaasuu qaba.
3) Gosa qorichaa maqaan isaa tarreeffamee kuusaa qorichaa keessatti hin argamne ogeessi qorichaa kamiyyuu ji'a ji'aan ittigaafatamaa dhaabbatichaatiif gabaasuu qaba.
4) Baay'inni tajaajilamtoota keessummeessamee fi tajaajila kenname dhuma ji'aa irratti ittigaafatamaa kutaa faarmaasiitiif gabaafamuu qaba.
5) Ittigaafatamaan kutaa faarmaasii dhaabbata fayyaa kamiyyuu sochii hojii waliigalaa kutichaa ilaalchisee bu'uura unka gabaasaa Biiroon qopheessuun gabaasuu qaba.

6) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu gabaasa Tajaajila qorichaa ilaalchisee kan ji'aa, kurmaanaa fi waggaa qopheessuun qoratee tarkaanfii sirreeffamaa fudhatee Biiroof gabaasa dhiyeessuu qaba.
7) Kutaan tajaajila qorichaa dhaabbata fayyaa kamiyyuu qoricha yeroon tajaajilaa irra darbe maqaa, baay'ina, lakkoofsa addaa oomishaa, guyyaa tajaajilli isaa itti darbu, maqaa dhaabbata oomishee, gatii baaqqee fi dimshaashaa qorichichaa galmeessuun ji'a ji'aan ogeessa herrega qorichaa fi ittigaafatamaa kutaa tajaajila faarmaasiitiif gabaasuu qaba.
8) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 7 jalatti tumameen ogeessi herrega qorichaa gabaasa herregaa ji'a ji'aan ittigaafatamaa kutaa tajaajila faarmaasiitii fi ittigaafatamaa faayinaansiitiif gabaasuu qaba.

**24. Sochii Qoricha Seeraan Alaa Ittisuu**

1) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu qoricha bittaaniis ta'ee gargaarsaan argatu hunda madda seera qabeessa irraa ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba.
2) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu qoricha biteef nagahee seera qabeessa ta'e, kanneen gargarsaan argaman immoo nagahee yookiin maddaa fi maalummaa qorichaa kan ibsu sanada seera qabeessa qabaachuu qaba.
3) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu qoricha madda seera qabeessa hin taane irraa yoo qunname battalumatti qaama dhimmi ilaallatuuf beeksisuu qaba.

## Kutaa Shan

## Tumaalee Adda Addaa

**25. Aangoo fi Hojii Biiroo**

Aangoo fi hojiin seerota birootiin Biiroof kenname akkuma eegametti ta'ee, Dambii kana hojiirra oolchuuf Biiroon aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Istaandaardii akka biyyaatti bahe bu'uura godhachuun kenniinsi tajaajila qorichaa gahumsa qabu akka jiraatu dhaabbilee fayyaatiif deeggarsa barbaachisaa ni kenna; ni hordofa; ni too'ata;
2) Humnni bajata qorichaa dhaabbilee fayyaa akka cimu haala ni mijeessa;
3) Qo'annoo tajaajilaa fi dhaqqabamummaa qoricha bu'uuraa mirkaneessu ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; ni deeggara; ni hordofa;
4) Bu'uura imaammata, seeraa fi qajeeltoowwan raawwii bittaa fi bulchiinsa qabeenyaa mootummaatiin sirna dhiyeessii fi raabsaa qorichaa ni too'ata; ni hooggana; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

5) Qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun kenniinsa tajaajila qorichaatiif mijaa'aa kan ta'an sanadoota galii, baasii, nagahee gurgurtaa fi unkaalee biroo hojii saffisiisan qopheessuun akka hojiirra oolan haala ni mijeessa;
6) Tajaajila qorichaa ilaalchisee ogeessota qorichaa fi qaama raawwachiiftuu kan birootiif leenjii ogummaa fi ijaarsa dandeettii ni kenna; hojimaataa fi sirna gurmaa'inaa diriirsuudhaan raawwii isaa ni hordofa;
7) Dhiyeessii, raabsaa fi itti fayyadamni qorichaa sadarkaa isaa kan eeggate ta'uu isaa ni mirkaneessa; koree dhimma kanaaf barbaachisu ni hundeessa; aangoo fi gahee hojii isaanii sirnaan bahuu isaanii ni hordofa; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna; raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
8) Ogeessota qorichaa manneen qorichaa qexoo kutaalee raabsaa qorichaa keessatti jiran waliin hojjachuu, qorichoota fuudhan waliin bulchuu, kunuunsuu fi itti gaafatamummaa waliinii akka qabaatan qajeelfama ni baasa;
9) Qorichi hanga barbaachisuu ol dhaabbata fayyaa keessatti kuufame gara dhaabbata fayyaa biroo hanqina qorichaa qabutti darbee tajaajila akka kennu ni taasisa; raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
10) Akkaataa qabiinsaa fi dhabamsiisa qoricha yeroon tajaajila isaa darbee fi sababa adda addaatiin hojiirra hin oolle qajeelfama dhimma kanaaf bahe irratti hundaa'uun ni hordofa; ni too'ata;
11) Sirna itti fayyadamaa, gabaasaa fi qabiinsa ragaa qorichaa ni diriirsa; hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hordofa; ni too'ata; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna;
12) Sirna qoricha dhaabbilee fayyaa keessatti galii fi bahii itti ta'u, akkasumas kutaalee adda addaatiif raabsamuu fi itti fayyadamtoota bira gahuu isaa fi itti quufinsa maamilaa mirkaneessu akka diriiru ni taasisa;
13) Sirna hojii raabsaa fi kenniinsa tajaajila qorichaa ilaalchisee hir'ina maallaqaa qunnamuuf ni diriirsa; raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
14) Odiitiin dhiyeessii fi itti fayyadama qorichaa dhaabbilee fayyaa odiitaroota alaa fi keessaatiin yoo xiqqaate waggaatti yeroo tokkoof taasifamuu isaa ni mirkaneessa; hanqina mul'ate ilaalchisee tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
15) Sirna too'annoo fi deeggarsaa dhiyeessii fi itti fayyadama qorichaa ni diriirsa; hojiirra akka oolu ni taasisa;

16) Hojimaata tajaajila qorichaa Dambii kana keessatti hammatame haala sirna qabeessaa fi barbaachisaa ta'een akka hojiirra oolu dhaabbilee fayyaatiif humna namaa barbaachisu baay'inaa fi sadarkaa ogummaan akka guuttatan caasaa ni diriirsa; hojiirra ooluu isaas ni hordofa;

17) Sirna tajaajila qorichaa Dambii kana keessatti hammataman haala barbaadameen akka raawwataman kutaa hojii qindeessu, gorsuu fi deeggarsa kennu sadarkaa sadarkaadhaan ni gurmeessa.

## 26. Aangoo fi Hojii Daabbilee Fayyaa

Dhaabbanni fayyaa sirna kenniinsa tajaajila qorichaa ilaalchisee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Dhiyeessii, raabsaa fi itti fayyadamni qorichaa sadarkaa isaa kan eeggate akka ta'u koree fayyaa fi qorichaa ni hundeessa; korichi hojii isaa sirnaan akka raawwatu ni hordofa; ni deeggara;
2) Qoricha bu'uuraa sababa adda addaatiin itti fufiinsaan dhiyeessuun rakkisaa ta'ee yoo argame yookiin dandeettii bituu hawaasaatiin ol yoo ta'e qaama ol'aanaa dhimmi ilaallatuuf yeroodhaan ni beeksisa;
3) Ittigaafatamtoonnii fi hojjattoonni dhaabbatichaa qoricha dhabbatichatti galii taasifame haala bu'aa qabeessaa fi kaayyoo yaadameef hojiirra oolchuu isaanii ni hordofa; ni too'ata; bakka gahee hojii isaanii sirnaan hin baanetti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
4) Sirna hojii raabsaa fi kenniinsa tajaajila qorichaa ilaalchisee hir'inni maallaqaa qunnamuuf diriire bu'uura qajeelfama baheetiin hojiirra ni oolcha;
5) Hojimaata maallaqa naannawaa qorichaa hojiirra ni oolcha;
6) Itti fayyadama qorichaa, akkasumas qabiinsaa fi itti fayyadama bajata qorichaa ilaalchisee qo'annoo ni gaggeessa; bu'aa qo'annichaa irratti hundaa'uun tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
7) Bu'uura sadarkaa dhaabbilee fayyaa biyyooleessaatiin kenniinsi tajaajila qorichaa si'ataa, bu'aa qabeessaa fi sadarkaa isaa kan eeggate akka ta'u kutaa kuusaa fi tajaajilli qorichaa itti kennamu, kutaa kenniinsa tajaajila qorichaa qindeessu, gorsuu fi deeggaru ni gurmeessa; ogeessa qorichaa, hojjataa herregaa, sassaabaa maallaqa gurgurtaa qoricha guyyaa fi hojjattoota barbaachisaa ta'an kan biroo akka guutamu ni taasisa;
8) Dhiyeessii fi itti fayyadama qorcihaa ilaalchisee odiitaroota alaa yookiin keessaatiin yoo xiqqaate waggaatti si'a tokkoof odiitii ni taasisa; bakka hir'inni mul'atetti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

9) Bu’uura imaammata, seeraa fi qajeeltowwan raawwii bittaa fi bulchiinsa qabeenya mootummaatiin dhiyeessii fi raabsa qorichaa ni raawwata;

10) Dhaabbanni fayyaa kamiyyuu sirna iftoominaa fi ittigaafatamummaa mirkaneessuu qaba.

**27. Tarkaanfii Bulchiinsaa fi Seeraa**

Tumaalee Dambii kanaa qaamni darbe kamiyyuu tarkaanfiin bulchiinsaa fudhatamu akkuma eegametti ta’ee, akkaataa seera hariiroo hawaasaa fi seera yakkaatiin kan itti gaafatamu ta’a.

**28. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana hojiirra oolchuuf Biiroon qajeelfama baasuu ni danda’a.

**29. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaalleessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**30. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun Onkoloolessa 19 Bara 2008 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta’a.

Muktaar Kadir

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Finfinnee

Onkoloolessa 19 Bara 2008